



Bakka Eegala Barnoota Daa'imummaatti Taphataa Barachuu

OROMO

Tapha jechuun maali?

Addunyaa kana keessatti kan daa'imman baratan fi guddatan yeroo barnoota tapha irratti hundaa'uun hiika qabuuf keessatti qooda qabaatan tahuu agarsiisa.

"Taphi hubannaa sammuu, guddina qaamaa, gamtoomaa fi dandeettii waa uumuu ijoollee walfudhachiisee isaan jabeessa. Eegalli ijoollummaa shaakala kan barsiisuu fi barachuu walfudahachiisee kan ijoollee beekumsa itti horuu gargaaruu dha. Tapha fi carraa gara garaatiin ijoolleen yeroo baratan waa'ee addunyaa naannoo isaanii jiruu, ummata, bakka, wanneen argan fi muuxannoo gara garaa guyyaa guyyaan argaa guddatan."

- VEYLDF, 2016, fuula. 14

Taphi ijoolleen ofuma isaaniitiin kan eegalan yeroo tahu barachuu fi guddina isaanii keessatti qooda guddaa qaba. Taphi akka ijoolleen keessan addunyaa naannoo isaanii fi eenyummaa ofii isaanii itti hubataa guddatan isaan gargaara. Tapha keessatti ijoolleen keessan waa hubachuu, akkeessuu, uumu, qorachuu, waliin dubbachuu, ni gaafatu, dubbatu, dhaggeeffatu, yaadu, miiruu, harkaan qabu, foolii baru. Taphi, waliin haasawuu, rakkoo furuu, waan hamtuu irraa of eeguu, waan haaraa yaaluu, akka itti waa dalagu ilaaluu keessatti isaan hirmaachisa. Ijoolleen keessan waa'ee ofii isaanii fi namoota biroo baratu, seera taphaa baratu, hiriyoota argatu, hariiroo walii tolchatu, namoota amanan naannoo isaaniitii qabaatu, kunis barsiisotaa fi ijoolloota kan biroo dabalee ti.

Ijoolleen yeroo takka takka qofaa taphatu, yeroo kaan ijoolleen kan biroo waliin takka ykn lama tahanii taphatu yeroo kaan gartuu xiqqaa ykn ijoolloota hedduu tahanii ni xaphatan. Taphi waca qabaatuu ykn callisa tahuu danda'a. Kan ilaalan ykn keessatti hirmaatanis tahuu danda'a.

"Yeroo jeequmsa malee xaphatan ijoolleen akka sammun isaanii waa uumu, qoratu fi hubatu, waan isaan gargaaru adda adda fi waneen jirutti dhimma bahan isaan gargaara."

- VEYLDF, 2016, fuula. 21

Tapha keessaan barachuu

Barsiisotni fi kan barachiisan akka sagantaa karoorsatan kunis fedhii dhuunfaa mataa fi akkaataa ijoolleef dhuufnaatti barbaachisutti akka gargaaran isaan taasisa. Kanas kan isaan godhan muuxannoo tapha irratti hundaa'e kennuu fi haala barnootaaf kennataa tahe keessatti akka ijoolleen bilisa tahanii mana keessaa fi alattis hirmaatan taasisuudhaan.

Wanneen keessatti hirmaatan keessaa kanneen akka muuziqaa, oduu fi maree kan kallattiin isaan qooda keessatti kennanis ni jira. Guyyaa guutuu keessattis, ijoolleen bakka kam akka taphatan, eenyu waliin akka taphatan, fi yeroo hangamiif akka taphataa turan murtii ofii isaanii fudhatu. Yeroo ijoolleen gargaarsa barbaadanitti barsiisotni gargaarsaa fi qajeelchuu irratti ijoollee ni gargaaran.

Barsiisotni tarsimoo gara garaa dhimma bahuudhaan akka itti ijoolleen barnoota jaallatan, afaanii baasanii dubbatan, sagalee ol kaasanii ibsatan fi addunyaa fi namoota argan irraa fedhii qabaatuu himatan barsiisan. Tapha qajeelchuufii, gageessuufii ykn yeroo ijoolleen xaphatan ilaaluu fi akka of-danda'anii ofiin tabatan gargaaruu danda'u.

Ijoolleen yeroo taphaan maal baratu?

Taphi akka ijoolleen dubbatan fi gaafatan, afaaniin dubbatuu baran fi afaan isaanii, herregaa fi ogummaa gamtootaa akka guddisatan hiree kennaaf. Tapha keessaan ijoolleen akka itti waliin dubbatan fi namoota kaanitti dhihaatan baratu.

Ijoollotni waan argan irraa waa uumee dhimma bahu, fakkeenyaaf;

- Nyaataa bilcheessuu fakkeessuu
- Ijoollee kunuunsuu
- Namoota abidda dhaamsan, doktora, ykn nama waa gurguru akkeessuu.

Barnootni tapha akkasii keessatti akka ijoolleen addunyaa naannoo isaanii fo hawaasa keessa jiran hubatan isaan gargaara.

“Taphni hubannaa itti horu garaagarummaa eenyummaa fi ilaalcha adda addaa hawaasa addunyaa kana irra jiru akkaataa itti hubatan dabalaa akka barataniif isaan gargaara. Ijoolleen wal fakkeenyaaf fi garaagarummaa namootaa fi gartuulee gidduu jiru akka beekaniif tumsamuu qaban.”

- VEYLD, 2016, fuula. 18

Yeroo ijoolleen keessan tapha keessatti hirmaatan, amala isaanii kan namoota kaaniif fudhatamu seeras ni baratu. Fakkeenyaaf, bakka fuguggee tabatanitti dabaree isaanii akka eeggatan baratu. Ijoollotni akka itti seera bahe itti gargaaraman keessatti hirmaachisuun akka eeggannoo waliif taasisan, meeshaa ittiin tabatan kunuunfatan, walitti dubbannaa sirneeffatan fi ogummaa waliin oolmaa isaanii guddisatan akkasumsa beekumsa herregaa fi dandeettii barreeffamaa guddifatan isaan gargaara.

Tapha isaanii keessatti, ijoolleen hubannaa sammuu fi yaadaa waan haaraa fi akkaataa itti toluun guddisatuu danda'u.

Ijoolleen wanneen hojjetan yeroo hedduuf irra deddeebi'uu danda'u, itti dadhabanii fi shaakala yeroo dheera keessas barachuu danda'u, kunis fakkeenyaaf kan akka;

- ofiin waan ol dheeraa tahe yaabuu
- wanneen mala sammuu fi yaadaa barbaachisu hojjachuu
- uffata ofiin uffachuu ykn wanneen ittiin tabatan ofiin uffachuu
- waan qalloo irra madaalii ofii eeganii deemuu
- waan ittiin waa muran eeggannoo dhimma itti bahuu
- quruphisuu ykn utaaluu
- furguggee irra taphachuu

Dandeettiin kun hundi guddaas tahe xiqqaa ijoolleef, maatii isaanitiif fi barsiisotaaf akka isaan waa baratan isaan gargaara.

Taphni akka ijoolleen sadarkaa guddinaa caalu irra geessu, mo'attu, dogoggora godhte irraa barattu, shaakaltuu fi qorattee odeeffannoo haaraa fi beekumsa argattu, yaada haaraa maddisiisattuu fi beekumsa haaraayaa fi hubannoo argattu gargaara.

Xaphni akka itti ijoolleen keessan baratan mul'isa.

Wabiiwwan

Damee Barmootaa fi Leenjii, 2016. *Qindeessama Eegala Barmoota Jalqaa fi Guddinaa Victoria.*